Oromiyaa

Lakk. 355

Oduu

Mareen ummataa gaggeeffame misooma si’achiisuuf gahee ol’aanaa akka qabu ibsme

Mareen ummataa sadarkaa addaddaatti gaggeeffame misooma si’achiisuuf, bulchiinsa gaarii mirkaneessuuf gahee ol’aanaa akka qabu jiraattonni magaalaa Bishooftuu tokko tokko ibsan.

Ob. Ejjetaa Galataa jiraataan magaalaa kanaa mareen ummata magaalaa sadarkaa addaddaatti gaggeeffame bu’aa qabeessa ta’uusaa dubbataniiru. Itti fufuudhaanis, mareen kun ummanni, imaammataafi tarsiimoo mootummaan baase hubachuudhaan hojiirra akka oolchu nitaasisa jedhanii, xumura maree kanarrattis koreewwan misoomaa, nageenyaa, qulqullinaafi kanneen biroo hundeeffamaniiru. Kunis ummanni kallattidhaan hojii hojjetamurratti akka hirmaatu ni taasiisa jedhaniiru. Ad. Zannabach Taaddasaa mareen ummataa kun dinagdee waggootii afuriif fufiinsaan galmaa’e waggaa shanaffaaf mirkaneessuuf shoora ol’aanaa qaba jedhaniiru.

Ad. Tsiggee Tasammaa gamasaaniitiin, mareen ummataa misooma si’achiisuufi bulchiinsa gaarii mirkaneessuuf gahee ol’aanaa qaba jedhaniiru. Itti dabaluudhaanis koreen addaddaa gandarraa kaasee hanga magaalaatti hundeeffamuunsaa ummanni hojii misoomaafi kanneen biroo keessatti akka qoodasaa ba’u nitaasisa jedhaniiru. Dargaggoo Musxafaa Nagaash mareen kun rakkoolee adeemsa keessatti uumaman maqsuudhaan hojiin bu’aa qabeessa ta’e akka hojjetamu ni taasisa jedheera. Itti fufuudhaanis, karoora bara 2000 ummanni irratti mari’atee yaadaan gabbisuudhaan ragaasisuunsaa gama hundaanuu qoodasaa akka ba’u gahee qabaachuusaa dubbateera. Mareen ummataa kunis utuu walirraa hin citiin itti fufuu akka qabu dubbateera.

Hojii eegumsa naannoo hojjetameen oomishtummaan aanichaa dachaan dabale

Godina Harargee lixaa aanaa Xullootti hirmaannaa ummataafi mootummaadhaan hojii eegumsa naannoo raawwatamaa jiruun oomishni aanichaa dachaan dabaluu waajjirri misooma qonnaafi baadyaa aanichaa beeksise.

Itti gaafatamaan waajjirichaa Ob. Nawaay Baqqalaa riipportara gaazeexaa Oromiyaa Cirootti argamuuf akka ibsanitti, bosona manca'e bakka buusuuf waggoota darban keessa aanichatti biqiltuuwwan mukaa adda addaa mil. 8.63 lafa heek. 3452 irra dhaabammaniiru. Kana malees dhiqama biyyee hambisuuf lafa kana irratti daagaa biyyeefi dhagaa km. 10,050 hojjetamee dhiqama biyyee ittisuun danda'amuu isaa Ob. Nawaay addeessaniiru.

Bar-kumee haaraa ilaalchisuun biqiltuu mukaa adda addaa 500,000 lafa heek. 200 irra dhaabamuu isaa itti gaafatamaan kun eeranii, bosona manca'e deebisanii dhaabuuf sochii taasifameen qilleensi naannoo mijaa'aa waan dhufeef wabii nyaataa mirkaneessuuf sochiin taasifamaa jiru mulkaa'aa akka jiru mirkaneessaniiru. Biyyoon dhiqamee deebi'ee furdachaa waan jiruufi maddis gabbachaa waan dhufeef oomishtummaan aanichaa dachaa lamaan dabaluu isaa Ob. Nawaay himaniiru.

Yuuniyeenichi xaa’oo kuntaala kuma 50 ol qonnaan bultootaaf raabsaa jira

Yuuniyeeniin hojii gamtaa qonnaan bultootaa Liiban bara kana daappii kuntaala 34,094, yuuriyaa kuntaala 17,032 fi sanyii filatamaa midhaan gosa addaddaa qonnaan bultootaaf raabsuusaa Ob. Boggaalaa Gaaddisaa gaggeessaan yuuniyeenichaa ibsan.

Qonnaa baranaaf daappii kuntaala 34,094 yuuriyaa kuntaala 17,032 birrii miliyoona 18.7 oliin bituudhaan qonnaan bulaaf raabsuusaa Ob. Boggaalaan dubbataniiru. Itti fufuudhaanis, sanyii filatama midhaan gosa addaddaa kuntaala 1,747 birrii kuma 700 olii bituudhaan qonnaan bultootaaf raabsameera.

Yuuniyeenichi midhaan gosa addaddaa kuntaala kuma sadii ol miseensotasaarraa bituudhaan gabaarratti dhiyeessuusaa Ob. Boggaalaan dubbataniiru. Itti dabaluudhaanis, barana gurgurtaa midhaaniifi tajaajila addaddaarraa tilmaamaan bu’aan birrii kuma 170 ol ni argama jedhamee akka eegamu ibsa gaggeessaa kanaa irraa hubachuun danda’ameera.

Atleetonni sochii investimentii Asallaa irratti bal’inaan hirmaachaa jiru

Magaalaan Asallaa magaalaa daldalaan beekamte taasisuuf sochiin inveestimentii jajjabeessaa ta’e gama atleetotaatiin adeemsifamaa jiraachuu isaa hoji- geggeessaan bulchiinsa magaalattii ibsan.

Hoji- geggeessichi Ob. Adam Kamaal gaazexaa Oromiyaatiif addatti ibsa kennaniin, sochiin inveestimentii magaalaa Asallaa jajjabeessaa ta’uusaa keessumaa bara 1995 as projektoota dhihaatan keessaa 166f heyyamni kan kenname wayita ta’u, kaappitaalli galmaa’es birrii mil. 400 dha jedhaniiru.

Magaala Asallaa keessatti yeroo ammo darbiiwwan gurguddaa hojjetamaa jiran keessaa irra jireessa kan hojjetan atleetotadha kan jedhan hoji- geggeessaan kun akkaataa keessumsiisa bulchiinsa magaalattii fooyyessuu dhaan inveesteroonni kan biroon gara magaalattii akka dhufan taasisaa akka jiran dubbataniiru. Kanaafis bara dhufuuf lafa inveestimentiif ta’u hek. 45.8 akka qopheessan ibsi hoji geggeessaa kanaa dabalee addeesseera.

Adeemsa baruufi barsiisuu milkeessuuf

Humni barate guddina biyya tokkoo keessatti ga'een inni qabaatu ol aanaadha. Humni kun ga'ee ol aanaa guddina biyyaa keessatti isa eeggatu ba'uu kan danda'u ammoo waan barateef qofa osoo hin ta'iin, daandii guddinaa biyyi sun irra jirtu yoo sirriitti beekedha.

Akkuma beekamu leenjiiwwan ganna kana akka Oromiyaatti karoorfaman keessaa leenjii barattootaafi barsiisota xumuramaniiru. Maxxansa darbeen leenjiin barattootaa kennamuu isaa, kaayoofi faaydaa leenjichaa ilaalchisuun dhiheessineerra. Maxxansa kanaan ammoo leenjii barsiisotaa irratti xiyyeeffanneerra.

Leenjii barsiisotaa kan ganna baranaatiin barsiisota 73,338 leenjisuun danda'ameera. Isaanis walumaa gala barsiisota sadarkaa tokkoffaatii kaasee hamma sadarkaa qophaa'inaatti kan jiranidha. Leenjiin kunis Adoolessa 1-15/1999tti kan kenname yoo ta'u, kanneen keessaa barsiisonni 37,386 miseensa Dh.D.U.O akka ta'an ragaan waajjira giddu galeessa Dh.D.U.O irraa argame ni agarsiisa.

Barsiisonni leenjii kana fudhatan ajandaawwan adda addaa irratti kan mari'atan yoo ta'u, ajandaaleen kunneenis ajandaalee adeemsa baruuf barsiisuu irratti, lammii gaarii, lammii guddina biyyaaf yaadu uumuu ilaalchisee hubannoo gaarii uuman akka ta'e amanameera. Ajandaaleen marii/leenjii kanaa ijaarsa sirna demokraasii, Eeboo summaa'aa ummata Oromoo waraane, bu'aa tarsiimoo keenyaafi misooma, demokraasiifi abdii Itoophiyaa kanneen jedhanidha. Qabxiiwwan/ajandaawwan armaan olitti ibsaman kunneen guddina biyyi keenya eegalte si'achiisuuf shoorri isaan qaban guddaa akka ta'e beekuun ni danda'ama.

Ijaarsa sirna demokraasii har'a biyyi keenya hordoftu irratti barsiisaan hubannoo hin qabne lammii boru biyya kana daandii demokraasii eegalame cimsee itti fufsiisu horachuu hin danda'u. Barsiisaan gochaa ABOn kaleessa ummata Oromooo irratti raawwachaa tureefi har'as raawwachaa jiru adda baasee hin beekne gochaa farra ummatummaa irratti qabsaa'uu hin danda'u. Lammii farra ummataafi guddina ummataa

addaan baasee yoo hin beekne lammii kana adda baasee fuulduratti tarkaanfatu horachuuf hin danda'u.

Kana qofaa miti. Barsiisaan tarsiimmoowwan keenya adda addaa irratti hubannoo hin qabne eessaa ka'amee eessa ga'amuuf akka yaadame beekuu hin danda'u. Yoo kana hin beekne ammoo lammii bu'aawwan rarsiimoo keenya irraa argaman boru itti fufsiisuu danda'u horachuu hindanda'u. Barsiisaan misooma biyya keenyaa irratti hubannoo ga'aa hin qabne, adeemsa sirna demokraasii irrattiifi abdii Itoophiyaa boruu irratti hubannoofi mul'ata hin qabne lammii kanneen irratti hubannoofi abdii qabu horachuuf hin danda'u.

Kanaaf ajandaawwan kanneen irratti barsiisotaaf leenjii kennuun barbaachisaa ta'uun amanameetu leenjiin kun kan kenname.

Namni qixa itti deemu beeku eessa akka ga'u ni beekan. Namni qixa itti deemu hin beekne garuu faallaa kanaa akka ta'e beekuun ni danda'ama. Haaluma kanaan leenjiin barsiisotaaf kenname kun qixa biyyi keenya itti deemtuufi eessa akka geessu irratti hubannoo waan kennuuf adeemsa baruufi barsiisuu keessatti haala gaarii ni uuma jedhameetu amanama.

Guddina biyya keenyatti eegalame saffisiisuuf, ga'ee nama tokko irraa eegamu ba'uuf, guddina biyyaa waliin guddachuuf, gochaawwan guddina dinagdeefi demokraasii keenya irratti aggaamaman fashaleessuun kan danda'amu yoo dhimma biyyaa irratti hubannoon jiraatedha. Kanaaf jecha leenjiin barsiisotaan kenname kun karoorfamee kan raawwatameef.

Ijoo Dubbii

Dhiifamni kenname haaloofi jibba balleesa

Oggantoonni paartii “Qindoominaa” filannoo bara 1997 adeemsifamee wajjin wal-qabatee yakka raawwataniifi badii qaqqabsiisaniif dhiifama argatanii tibbana kana mana hidhaatii ba’uun isaanii ni beekama. Haa ta’u malee, erga jarri kunneen mana hidhaatii gadi-dhiifamanii booda kutaalee hawaasaa garaa garaa keessaa, keessumaa ammoo miseensotaafi deggartoota keenya biraa yaadni garaa garaa ka’aa, dhaga’amaa jira.

Yaadni karaa kanaan ka’u bifa addaddaa kan qabu yoo ta’eyyuu, akka waliigalaatti yemmuu ilaalamu, oggantoonni kunneen mana hidhaatii gadi-dhiifamuu hin qabani, yookii ammoo yeroo murtaa’eef mana hidhaa keessa turuu malu kan jedhuudha. jarri kunneen heera mootummaa qooda fudhannaa ummatootaatiin ragga’e karaa seeraa ala ta’een: fincilaafi gooliidhaan diiguudhaaf sochii karooraan deggarame taasisanii lubbuu namootaafi qabeenyarra miidhaan akka ga’u waan taasisaniif mana hidhaatii ba’uu hin qabani kan jedhu hedduudha. Mana hidhaatii ba’uun isaanii sirrii yoo ta’eyyuu akkaataa isaan itti ba’an garuu baay’ee ariifateera, xinnoo mana hidhaa keessa turuutu irra ture, mana hidhaa keessa turanii adabamuu, salphinni maal akka fakkaatu dhandhamuutu irra ture, adaba balleessaa isaanii wajjin wal madaalu utuu hin argatiin, utuu hin salphatiin, utuu gochaafi eenyummaa isaaniitti hinsuukannaa’iin hiikamuun isaanii sirrii miti kan jedhanus lakkoobsaan hedduudha.

Akkasumas, erga ba’anii booda ofiidhuma isaanii afaan isaaniitiin dhiifama gaafachuu isaanii dhaga’uu qabna turre, hidhaadhaa yemmuu hiikaman mirga demokraasii isaanii mulqamuu qabu turan, kanaan achi ammas sochii siyaasaa keessa seenanii nu jeequu danda’u, adaba manni murtii isaanirratti dabarsee walakkaa isaallee utuu hin xumuriin ba’uun isaanii olaantummaa seeraa diiga kan jedhanus jiru.

Haa ta’uuti namoonni kunneen iyyannoo mallattoo isaaniitiin mirkanaa’een dhiifama erga gaafatanii booda mana hidhaa akka turanfi salphina akka dhandhamatan taasisuun isaaniin miidhuurra darbee ijaarsa sirna demokraasii keenyas ta’e deemsa

misooma keenyaa tasumaa waan fayyadu hin qabu. Fayyaduu dhiisuu isaarrayyuu, deemsa ijaarsa sirna demokraasii keenya miidhuu danda'a. Hundumaa caalaa ammoo ADWUInis ta'e, mootummaan keenya qaamaas ta'e, mana kamiinuu hidhee kaa'uudhaan, jilbeenfachiiseefi salphisee agarsiisuudhaan bu'aan argamu jira jedhee hin amanu.

Karaa biraas yoo ilaalame, jarreen kun erga dhiifama gaafatanii booda mana hidhaa akka turan tasisuun dhiifama mootummaan kenne haguuguudhaan gaafiifi dhiibbaan humnoota maxxantootaa iddoo akka argatu, bal'inaan akka dhaga'amu taasisa. Mootummaan ijaarsa sirna demokraasii cimsuuf jecha dhiifama kana kennuusa, haaloofi jibbinsa balleessee boqonnaa sirna demokraasii haarawa banuuf kana gochunsaa dhoksee dhiibaa maxxantootaa gabbisa. Kunimmoo nuuf miidhaa qabaata. Namoota gocha isaani darbe sanatti gaabbanii dhiifama gaafatan kana hidhanii tursuudhaan gidiraa agarsiisuun, salphisuun gabbina sirna demokraasii kan agarsiisu utuu hin taane haaloo ba'uu mirkaneessa. Haaloo ba'uun, jibbaan hojjechuun ammoo sirnoota darbanii wajjin wal qabatee darbeera.

Waan guddaan namoonni dhiifamaan ba'an kunneen kana booda heera mootummaafi seerota biyyatti kanneen biroo hordofaniifi kabajanii karaa nagaafi demokraatawaa ta'een deemuu danda'uu isaaniiti. Kanarra darbanii yaadu taanaan, olaantummaan seeraa iddoo jirutti ammas seeraan gaafatamuun hin oolu.

Aaga badhaadhinaa

Misooma fufiinsa qabu mirkaneessuuf

Qabeenna umamaa kunuunsuu jechuun misooma fufiinsa qabu mirkaneessuu jechuudha. Bosonni qabeenna uumamaati. Qabeenni umamaa kun ammoo misooma fufiinsa qabu mirkaneessuu keessatti qooda guuddaa qaba. Bishaanifi biyyeenis akkasuma qabeenna uumamaa misooma fufiinsa qabu mirkaneessuu keessatti shoora guddaa qabaniidha. Bosonas ta'e, biyyeen akkasumas bishaan, qabeenna uumamaa, misooma fufiinsa qabu mirkaneessuuf barbaachisan yoo jennu, hunda dura wanti sirritti ilaaluu qabnu jira. Innis maal yoo jenne, qabeenyaan uumamaa asii olitti caqafaman misooma fufiinsa qabu mirkaneessu keessati shoora guddaa taphachuu kan danda'an yoo sirritti eegamaniifi kunuunfaman hanga ta'etti qoftiidha.

Dhugaa kana utuu fagoo hin deemne, haala biyya keenna quunnamaa ture irraa qofa ka'uudhaan mirkaneessuun ni danda'ama. Qabeenni bosonaa biyya keennaa haala nama gaddisiisuun manca'aa wayita dhufetti balaan hoongee irra deddeebi'ee mul'ataa turuun waan beekamu. Bosonni lafa irraa ciramee dhumu irraa kan ka'ee woyta roobaa lolaan uumamu biyyee gabbataa dhiqee deemuun omisheesitummaan lafaa xinnaataa dhufuun waan beekamu. Bokkeenni roobu utuu lafa hin seenne lolaa ta'ee deemaa waan tureef, burqaawwan duraan bonaa ganna yaa'an goggogaa dhufuun isaanii waan beekamu.

Bosona manca'e deebisuuf tattaaffiin woyta eegalamu, biyyee dhiqamtee deemtu ittisuuf sochiin wayita taasifamu, jijjiirama ijaan arguun eegalmeera. Roobni gaaga'aa ture sirritti wayitiidhaan roobuu eegaleera. Biyyee dhiqamtee deemtu ittisuun hanga yaaliin taasifamu jalqabe omisheesitummaan biyyee dabaleera. Biqiltuu dhaabuudhaan bokkaya lolaa ta'ee deemu lafti akka xuuxxu gochuun bakka yaaliin taasifametti, burqaawwan duraan gogan bonaa ganna maddu eegalaniiru. Mee haala kana godina Harargee dhihaa, aanaa Xulloo, araddan qonnaan bulaa walta'ii giddu galeessa godhachuudhaan haa ilaallu.

Aanaa Xullotti, araddaan Wolta'ii, araddaa qabeenna uumamaa manca'ee bakkatti deebisuuf sochiin fakkeennaa qabu keessatt deemsifamaa jiruudha. Waa'een Araddaa wolta'ii yoo ka'uu, waa'een qonnaan bulaa Ob. Jamaal Ahmudee adda durummaan utuu hin kaane bira hin darbamu. Ob. Jamaal araddaa walta'itti qonnaan bulaa adda duree fakkeennumaan maqaan dhawamu. Misooma bosonaatinis ta'ee, misooma omisha qonnaatiin. Adda duree misoomaa ta'anii socho'uun, qonnaan bultoonni hedduun fakkeennumaa isaanii hordofanii akka hojjatan taasisaa jiru. Sochii isaanii kanaaf, qonnaan bultoonni araddaa isaanitti argamaniifi hojjattonni misoomaa achitti ramadamanis ifatti ragaa ba'u Ob. Jamaal mataan isaanis waan hojjatan akka jechuun ifatti dubbatu.

"Ani ummata araddaa walta'itiif adda duree akka ta'etti wanti dubbatamu sirriidha. Utuu mootummaan misoomaaf ummata gurmeessee gareefi gooxiin sochosuu hin eegallee, ani karaa iddiriitiin ummata ijaaree hojii misoomaa hojjachaa turre. Yeroo hojii sirritti itti fayyadamuu erga eegalee tureera. Ganama lafti bariinaan ani oyruu keessaa hin dhabamu. Haala kanaan hojjachaa waan dhufeef galii argadhuun jireenya kiyyaafi maatii kiyyaa jijjiireera" jechuun cimina isaanii ibsan.

Mee sochii isaanii kana tokko tokkoon kaafnee haa ilaallu. Gama misooma bosonaatiin Gaattiraafi Baargamoo baayyinaan dhaabaniiru. Akkasuma Bunallee ballinaan misoomsuu eegalaniiru. Walumaagala, oyruu qaban biqiltuudhaan uwwisuuf fedhii akka qaban dubbatu. Misoomni bosonaa akka jirutti ta'ee, omisha midhaanii gama omishuutinis qonnaan bulaa adda dureedha. Waggaa keessatti yeroo lama omishu. Garbuu, qamadii, Boqqolloo, xaafiifi Ashaangoree kan omishan akka ta'an dubbatu. Fakkeennaaf, rooba badheessaatiin garbuufi ashaangoree facaasaniiru. Yeroo ammaa callaa irraa walitti qabanii xaafiifi qamadii facaasuuf qophii irra turan, woyta rippoortariin keenna magaalaa cirotti argamu, gaaffiifi deebii kana isaan wajjin taasisetti.

Oyruu isaanii xaa'oo uumamaatiin gabbisanii (jechuun dikee ganda ollatii bitanii itti baachuun) omishii oyruun isaanii kennu akka dabalu godhaniiru. Sochii Ob. Jamaal fakkeenna godhachuun qonnaan bultoonni hedduun oyruu isaani xaa'oo uumamaatiin gabbisanis omisha gaarii argachuu jalqabaniiru. Kana cinatti biqiltuu dhaabuunis,

kunuunsa naannoo isaaniitiif shoora guddaa ba’aa jiru. Walumaagala, Ob. Jamaal Ahimadee, qonnaan bultoota ganda walta’itiif motora ta’anii socho’aa kan jiran akka ta’eedha hubachuun kan danda’ame.

Gama biraatiinis, ijaaramni addaddaa araddaa walta’iitti hojii irra oolaa jiru kunuunsa qabeenna uumaatiif taasifamu guddaa cimsaa jira. Fakkeennaaf, walda dubartootaa, walda dargaggootaa, koree milishaa, koree miseensota Dh.D.U.O jedhamanii, lafti gaaraa qoodamteefii, biqiltuu itti dhaabuun kunuunsaa jiru. Gara fulduraafis itti fufiinsaan dhaabuu irratti argamu.

Fakkeennaaf, baayyina biqiltuu gosa gosaa waggaa darbe araddaa kanatti, ummata araddaa kanaa qindeessuun waajjirri araddaa kanaa dhaabsise yoo lallee, Gaattiraa, Giraaviyaa, shawishawwee, Ejersa saspaaniyaafi kkf waliigalaan 202,670 lafa hektaara 15.5 irratti dhaabamee akka jirutti qabatee kan jiru ta’uusaa Ob. Taaddu Makuriyaa itti gaafatamaan gurma’ina araddaa walta’ii ibsaniiru.

Bara kanas akka araddaatti biqiltuun kuma 260 kan dhaabame yoo ta’u, kan dhuunfaadhaan qonnaan bulaan oyruu isatti dhaabbates kuma 38 ol akka ta’e Ob. Bisiraat Tashoomaa, hojjataan misooma qonnaa araddaa walta’ii ibsaniiru. Gosti biqiltuuwwan dhaabamanii Gaattiraa (Hindheensa), woddessa, Baargamoo, Giraaviyaafi kkf akka ta’an beekameera. Biqiltuuwwan mukaa baayyinaan dhaabamaa akkuma jiran, biqiltuuwwan bunaalee qonnaan bulaan akka dhaabbatu barumsii kennameefii, yeroo ammaa oyruu isatti dhaabbachuu kan jalqabe akka ta’e ibsameera.

Qabeenna uumamaa kunuunsuun araddaa walta’itti deemsifama jiru, biqiltuu dhaabuu irratti qofa kan xiyyeeffate miti. Biyyeefi bishaan kunuunsuunis hojii xiyyeeffannaa guddaa argatee jiruudha. Akka Ob. Bisiraati hojjataan misooma qonnaa araddaa walta’ii ibsanitti, lafa gaaraafi lafa golbaa edeedni itti baayyatu daagaaleefi maaykiroo baazinii itti ijaarsisuun bishaan lolaa ta’ee akka hin deemne, biyyeenis lolaadhaan dhiqamtee akka hin deemne taasifamaa jira. Fakkeennaaf, bara kana qofa daagaa hidhuun km. 36 hojjatameera; maaykiroo bazinii 2,300 lafa edeeda qabdu irratti ijaaramee, lolaan ededa fofottoqsee akka hin deemne gochuun danda’ameera.

Walumaagala, aanaa Xulloo, araddaa walta’iitti qabeenna uumamaa kunuunsuuf hojiin qindaa’umsa qabu deemsifamaa jira. Ummanni, gaggeesotiin araddaa, akkasumas hojjattoonni misooma qonnaa, ijaarsawwan addaddaa (waldaan dubartotaa, waldaan dargaggoota, koreen milishaa, koreen miseensota Dh.D.U.O) walitti qinda’anii, qabeenna uumamaa duraan manca’e bakkatti deebisuuf hojjachaa jiru.

Sochiin araddaa kanatti qonnaan bulaan dhuunfaanis ta’ee haala ijaarameen taasisaa jiru, qabeenni uumamaa duraan akka malee manca’e akka deebi’ee fooyya’u taasisaa jira. Dacheen bosonni irraa manca’e qullaa taate deebitee magariisa ta’aa jirti. Lafti lolaan ciccitaa ededa ta’aa dhufte deebitee fayyaa jirti. Roobni lolaa ta’ee deemaa ture lafa keessa seenee, maddi bishaanii bonaafi ganna dhangala’uu eegaleera. Haalli kun cimee yoo itti fufe misooma fufiinsa qabuuf wabiidha waan ta’eef, ciminni araddaa walta’itti mul’ate, araddaalee biraattis akka mirkana’u caasaaleen sadarkaa sadarkaan jiran cimanii hojjachuu qabu jenna; nagaati.